

**Xiinxala Akeektoota Mammaaksummaa Mammaaksota Oromoo:
Maleenya Caasaafi Tajaajilaa Gama Mifota Akkaatummaa, Ogummaafi
Xiinhimaatiin**

Fayo Kadiro^{1*}, Shemshedin Ahmed²

**Analysis of Proverbial Markers of Oromo Proverbs: Structural and
Functional Approach to Stylistic, Literary, and Syntactic Devices**

Fayo Kadiro^{1*}, Shemshedin Ahmed²

¹Lecturer, Department of Afan Oromo, Literature and Communication, College of Social Science and Humanities, Dire Dawa University, Phone: +251913933267, Email: fayokadiro7@gmail.com

²Wahel Secondary School, Dire Dawa Administration Education Bureau, Phone: +251910058015, Email: shemshedinahmed@yahoo.com

*Corresponding Author

Abstract

This study investigates the proverbiality and proverbial markers of Afaan Oromoo proverbs through integrated structural and functional approaches. Drawing on a purposive corpus of 1,800 proverbs supplemented by interviews with 15 informants and focused group discussions with four experts, the research uses a qualitative descriptive (textual-analytic) method to identify stylistic, literary and syntactic features that signal proverbiality. The analysis shows that Afaan Oromoo proverbs employ a rich set of stylistic devices (ellipsis, parallelism, euphemism, wellerisms, apostrophe, hypophora, metaphor/imagery, and formulaic sayings) and literary resources (rhyme, minimal pairs, alliteration, hyponymy/homophony, and repetition) to create aesthetic force and mnemonic grip. Syntactic properties — including varied subject types (canonical, displaced, clifted, elided, and impersonal), diverse clause types (declarative, interrogative, and imperative) and characteristic proverb formulae— further consolidate proverbial status and enhance pragmatic functions. Functionally, these markers strengthen moral instruction, persuasion, dispute resolution, social regulation, and intergenerational transmission of cultural knowledge. The study concludes that proverbial markers are central to both the form and social performance of Oromo proverbs and recommends deeper, context-sensitive studies to map regional and pragmatic variation and to document less-studied formulae.

Keywords: Afaan Oromoo proverbs, proverbiality, proverbial markers, stylistic devices, syntactic properties

*Corresponding author: Fayo, Phone: +251913933267, Email: fayokadiro7@gmail.com,

Axareeraa:

Mata dureen qorannoo kanaa “Xiinxala Agarsiiftota Mammaaksummaa Mammaaksota Oromoo: Maleenya caasaafi tajaajilaa gama mifota akkaatummaa, ogummaafi xiinhimaatiin” isa jedhuudha. Kanaafuu, kaayyoon ijoo qorannichaa agarsiiftota mammaaksummaa mammaaksota Oromoo—mifota akkaatummaa, ogummaafi xiinhimaa caaseeffamaafi tajaajila isaaniitiin walqabsiisuun xiinxaluudha. Kaayyoo kanarra ga’uuf malli qorannoo akkamta yookaan qulqulleeffataa filatamuun hojiirra oolfameera. Mala kana faana meeshaalee funaansa ragaalee hojiirra oolan sakatta’a barreeffamootaa, marii garee xiyyeeffataafi afgaafiidha. Meeshaalee kanaan ragaan erga funaanameen booda qaacceeffamuun argannoowwan irra gahame. Akka qorannoo kanaatti, agarsiiftonni mammaaksummaa mammaaksota Oromoo mifota akkaatummaa, mifota ogummaafi amaloota xiinhimaa isaaniiti. Mifonni akkaatummaa mammaaksonni Oromoo itti gargaaraman qoocama, walmaddeessa, haguugiinsa, gaafeebii, ittibaaniinsa, ateessa, fakkoomsaafi dubbiiwwan qolaa faa’a. Mifonni ogummaa mammaaksonni Oromoo ittiin beekkaman kanneen akka rukutta manaa, itti fayyadama xundaa xiqaa, sagaleebi’iinsa, itti fayyadama jechoota hiddaneessaafi mooggoolee, daddeebichootaafi seenimiinsa faa’a. Amaloonni xiinhimaa akka agarsiiftoota mammaaksummaa mammaaksota Oromooti tajaajilan akkaataa matimaa, gosoota himaafi caasaalee mammaaksummaa akka ta’an qorannichi bira ga’eera. Kana malees caasaan mammaaksota tokko tokkoo galuumsa itti fayyadama mammaaksichaa akka murteessan hubatameera. Haa ta’uu malee, agarsiiftonni mammaaksummaa mammaaksota Oromoo hamma kana qofa jedhanii murteessuun hindanda’amu. Kanaafuu, bu’aa qorannoo kanaa bu’ureeffachuun gara fullturaatti qorannoon gadi fagoo gaggeeffamuun qaawa jiru cufuu qabaata.

Jechoota Ijoo: Mammaaksota, Akeektoota Mammaaksummaa, Mifoota, Akkaatummaa, Ogummaa, Xiinhimaa

1. Seensa

Ummanni Oromoo saba bal’aa Itoophiyaafi biyyoota ollaa kanneen akka Keeniyaa, Taanzaaniyaa, Somaaliyaafi Suudaan keessa durirraa eegalee jiraachaa jiruudha (Cerulli, 1922; Ibrahim, 2015; Tilahun, 1993). Umattichi afaan hortee afaanii guddicha Afroo-asiyaatikii, damee afaanii Kuushitikii ta’e kan Afaan Oromoo jedhamu dubbata (Delby, 2004; Brown & Oglivies, 2009). Afaanichi yeroo ammaa namoota miliyoona jahaatama caalaniin biyyoota olitti eeraman keessatti dubbatama (Ibrahim, 2015). Kana malees, Itoophiyaafi biyyoota gara garaa keessatti namoota miliyoona jaha caalaniin akka afaan lammaffaatti dubbatama (Delby, 2004). Afaan Oromoo afaan uumamaan qulqulluu kan afaan dubbii haalaan dagaage qabu (Hussien, J., 2005) isa tarreeffama afaanota adda ta’an kanneen ardii Afrikaa keessatti adda baafamuun beekkaman keessaa muummeerratti argamuudha (Tilahun, 1993, Ibrahim, 2015). Haa ta’uu malee, hanga jalqaba bara 1970mootaatti afaanichi carraa afaan barreeffamaa ta’uu hinarganne (Ashannaaifi Tarrafaa, 2017). Kanaafuu, qabeenya ummaticichaa kan ta’e afoolli gara garaa hingu’atamin tureera (Garamaw & Hundumaa, 2018). Waan kana ta’eef, mammaaksa Oromoorratti qorannoowwan dalagaman lakkoofsaan muraasa. Hayyoota mammaaksa Oromoorratti qorannoo gaggeessan keessaa Jeylan (2004), Ahmed (2010), Haylu (2010), Amensisa (2011) fi Megersa (2019) eeruun ni danda’ama.

Megersaan (2019), qorannoo matadureen isaa “Oromo Proverbs and Proverbial expressions in the Customary Judicial Systems in Ethiopia” jedhu gaggeesse kessatti mammaaksi dandeettii amansiisuu, gorsuu, qajeelchuufi qaamoota wal dhaban akka nagaa buusaniif

dhiibbaa irratti uumuu cimaa ta'e qaba. Haa ta'uu malee, qorannichi caasaaleefi amaloota xiinqooqaa mammaaksa Oromoo irratti waan dubbate hinqabu. Gama biraatiin, Ahmed (2010) qorannoo "Image of Women in Selected Oromo Folktales, Folksongs and Proverbs with Particular References to East Arsi Zone" jedhu keessatti namfakkiin dubartootaa gosa afoolaa sadeen keessattiyyuu kan waldhahe ta'uu ibseera. Ta'uus, qorannichi kan xiyyeeffate xiinxala argistoota mammaaksummaarrattii miti waan ta'eef qorannoo kanaan walitti dhufeenya hinqabu. Haaluma kanaan Hayluu (2010) qorannoo "Role of Proverbs as a Means of Gender Inequality in West Shoa Oromo Culture: the Case of Tikur Hinchini" jedhu keessatti akkaataa mammaaksonni Oromoo loogii kornayaa itti calaqqisan addeesse. Amansiisa (2011) qorannoo "The Analysis of Oromo Proverbs: The Analysis of Content, Value and Syntax" jedhu keessatti ergaa mammaaksota Oromoo hubachuudhaaf qu'annaan galuumsaa akka barbaachisu eruun, sonaafi xiinhima akka barbaachisu lafa kaa'ullee caasaaleen xiinhimaa mammaaksota Oromoo kan akkamii akka ta'an hineerre. Haaluma wal fakkaatuun qorannoowwan hedduun qabiyyee fi tajaajila mammaaksota Oromoorratti dalagamaniyyuu, agarsiiftota mammaaksummaa tokkolleen hinqoranne. Fakkeenyaaf, Ayehu & Fair (2003) "Women and Men in Arsi Oromo Proverbs: An Implication of Gender Equality" jedhu; Tilahun (1993) "Mammaaksaan Qabani Nama Gorsuu: Baha Wallaggaa Magaalaa Naqamteerratti kan Xiyyeeffate"; Hika (2010) "Portrayal of Children and Elderlys in Welliso Oromo Proverbs"; Jeylan (2004) "A Cultural Representation of Women in the Oromo Society" ; Birhanu (2015) "Gender Role and Society's Perception of Women in Mecha Oromo Verbal Arts: A Feminist Approach"... jedhan hojjetamaniiru. Garuu, qorannooleen marti agarsiiftota mammaaksummaa maleenyaa caaseessuutiin jechuuniis mifota akkaatummaafi ogummaa, akkasumaas, amaloota xiinqooqaa dhaamsa yookaan ergaa mammaaksotaarratti dhiibbaa qaban, kan qorate hinjiru. Qaawa kana hubachuudhaan qorattoonni mataduree kana filatan.

Kaayyoon gooroo qoranichaa agarsiiftota mammaaksummaa mammaaksota Oromoo xiinxaluu yeroo ta'u, gaafiileen qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti:

- Akeektoonni mammaaksummaa mammaaksa Oromoo maal faa'a?
- Akeektoonni mammaaksummaa mammaaksota Oromoo dhaamsa mammaaksichaa karaa kamiin cimsuu danda'u?
- Hariiroon caasaasaafi ergaa makmaaksota Oromoo gidduu jiruu maal fakkaata?

2. Sakatta'a Barruu

Dirreen qo'annaa mammaaksaa, Parimiyoooloojiin (Peremiology), jecha afaan Laatiinii irraa kan dhufe yoo ta'u (Fair, 2003), qo'annaan mammaaksaa kan jalqabame bara hayyuu Aristootil faa'a (Dundes, 1975; Levin, 1998). Bara sana irraa eegalee hanga ammaatti hayyoonni hedduun jecha mammaaksa jedhuuf hiika kennuuf kan tattaafachaa turan ta'uus (Lisa, 2008); yaaliin hiika hunda-galeessa ta'e laachuu tokkolleen hinmilkooofne (Fair, 2003). Kun fedhii, obsaafi dandeettii hayyoota roga kanaa kan qore ture (Coinnigh, 2015). Kanaafuu, hayyoonni adda addaa mammaaksaaf hiika aSdda addaa kennan.

Akka Brown & Miller (2013) jedhanitti mammaaksa jechuun jedhamiinsa yaadatamaa isa dhugaa qabatamaa addunyaa kanaa ibsuudha. Elvan & Indra (2018) immoo mammaaksi gosa afoolaa qabiyyeen takashame, seerluugaafi sabameessaan (logic) xaxame, isa dhaamsa yookaan ergaa barsiisaa dabarsuufi unkaa yadalaawaa irraa ijaarameedha. Gama biraatiin Kanat (2014) mammaaksi odeeffannoo beekkoomsa ummataa of keessatti hammate, isa namoonni dhimmoota jiruufi jireenya isaanii ittiin ibsatan, ilaalcha dhunfaafi muuxannoo hawaasaa ittiin kuussatan, meeshaa yaada mataa ofii karaa ogummaawaan itti hiikkatan, isa dhamaafi dhandhama gaarii qabuudha jechuun hiikte.

Mieder (1985) immoo “mammaaksa jechuun hima afoola hawaasaa gabaabaa ta'e kan beekkoomsa, dhugaa, naamusaafi ilaalcha aadawaa karaa jechamaawaan, unkaa dhaabbataafi yaadatamaa ta'een dabarsu isa afaaniin dhaloottarraa dhaloottatti daddarbuudha” jechuun hiika kenne. Simeon (2013) mammaaksi muuxannoowwan guyyaa guyyaafi hubannoo waloo karaa gabaabaafi caasawaa isa salphatti akka yaadatamuufi walqunnamtii keessatti hojiirra oolfamu taasise akka of keessaa qabu lafa kaa'e. Walumaagalatti hiikaawwan kennamanirraa mammaaksi muuxannoo, beekkoomsaafi ilaalcha hawaasaa calaqqisuun madditti; qabiyyeewwan gorsaafi naamusaa akka of keessaa qabu; akkasumaas, haalli caaseeffama himoota isaa akka himoota biraatiin adda ta'e hubanna.

Haaluma walfakkaatuun, hayyoonni garagaraa maleenyaawwaniifi yaadiddamoota qo'annaa mammaaksaatiif oolan dhiheessuuf yaalaniiru. Maleenyaawwan qo'annaa mammaaksootaatif dhiyaatan keessaa kan duraa kallattii qo'annaa qorsabaadha (Miller, 2012). Akka kallattii kanaatti, mammaaksi walqunnamtii dubbii kan maddi isaa beekkamuufi kan yeroo mara tajaajiloota tilmaamaa (deductive functions) kennuudha. Kallattiin qo'annaa mammaaksaa inni biroo immoo maleenyaa addeessahimaa jedhamuudha. Akka maleenyaa qo'annaa

kanaatti mammaaksi yoo xiqqaate matimaafi kutima of keessaa qaba (Dundes, 1975). Gama biraatiin maleenyaan qo'annaa impeerikaalaa (empirical approach), hiikaawwan mammaaksaa uumuufi fooyyeessuuf mala qorannoo impeerikaalaa fayyadama (Norrick, 2014). Maleenyaan qo'annaa mammaaksotaa inni dhumaa maleenyaa ammayyaa yeroo ta'u, maleenyaawwan hunda keessaa isa fooya'aafi filatamaadha. Maleenyaan qo'annaa kun amaloota mammaaksaa irratti xiyyeeffata. Haala kanaan, maleenyaan kun amalootaafi ulaagaalee mammaaksaa kanneen lakkoofsa hinqabne isaan himni kun mammaaksa san immoo mammaaksaa miti jechuudhaan akka addaan baafnuuf nu gargaaran tarreessuuf tattaafata. Amalootaafi ulaagaaleen kunneen agarsiiftota makmaaksummaa (proverbial markers) jedhamuun beekkaman (Elvan & Indra, 2018; Ahead, 2011). Dandeettiin himni tokko mammaaksa ta'uuf qabu yookaan yaadarimeen akkaataa mammaaksaa immoo mammaaksaummaa (proverbiality) jedhama (Mieder, 2004; Coinnigh, 2015). Agarsiiftonni mammaaksummaa unkaalee walaloofi caaseeffamaa tokko tokko; mifota akkaatummaafi ogummaa; caaccuulee xiinqooqaafi dubbiiwwan qolaati (Mieder, 2004; Firman, 2019).

3. Malleen Qorannoo

Saxaxni qorannoo kanaaf filatamee hojiirra oole akkamtaadha. Saxaxni qorannoo kun qorannoowwan saayinsii hawaasaatiif baay'ee mijjaawaadha (Creswell, 1997). Kun kan ta'eef, saxaxni qorannoo akkamtaa ragaalee jechootaa karaa kalaqa barbaadamtoota daneessa ta'een qaacceessuu waan dandeessisuufi (Miller, 2012). Kana malees, saxaxni qorannoo kun uumamaan addumundeessaa (inductive) waan ta'eef (Gopaldas, 2016), hiikaafi hubannoowwan murtaa'aa tokko tokkoo sonuuf baay'ee gargaara (Corbin & Straus, 2008). Qorannicha keessatti madden ragaa tokkoffaafi lammaffaan hojiirra oolaniiru. Qorannoo kanaaf iddattoowwan akaakuu sadii mala iddatteessuu garagaraatiin filatamaniiru. Tokkoffaan iddattoo ragaalee mammaaksotaa yemmuu ta'u kan filatameen mala iddatteessuu kaayyeffataati. Mala iddatteessuu kanaan mammaaksonni Oromoo kuma tokkoofi dhibba saddeet (1,800) filatamuun qaacceeffamaniiru. Iddattoon lammaffaa kan odeefkennitoota afgaafii yoo ta'u kan filatamaniiniis mala iddatteessuu hammargeeti. Mala kanaan hayyoonni argaa-dhageettii mammaaksota Oromooratti hubannaa qaban kudha shan (15) filatamuun qorannicha keessatti hirmaataniiru. Iddattoon sadaffaa kan hirmaattota marii garee yeroo ta'u, mala iddatteessuu hammargeetiin ogeeyyiin afaanii, aadaa, seenaafi fookloorii Oromoo afur (4) filataman.

Meeshaaleen funaansa ragaalee qorannoo kana keessatti tajaajila laatan sakatta'a barreeffamootaa, afgaafiifi mariigareeti. Ragaaleen meeshaalee funaansa ragaa sadaniin sassaabaman tartiibaafi akkaataa itti aanuun mala akkamtaatiin qaacceeffaman. Jalqabarratti, ragaaleen mammaaksotaa kitaabootaafi barreeffamoota mammaasota Oromoorraa funaanaman caasaa isaaniirratti hundaa'uun erga qaacceeffaman booda gosoota garagaraa mifota akkaatummaa, ogummaafi xiinhimaatti qoqqoodaman. Itti aansuun, ragaaleen afgaafiin argaman qaacceeffamuun tajaajiloonni mammaaksota caaseeffamaan sila qoqqoodamanii addaan baafaman. Sana booda, ragaalee marii gareetiin argamaniin walitti dhufeenyi caasaafi tajaajiloota mammaaksotaa akka calalamu taasifame. Dhumarratti, argannoowwan qorannichaa cunfamuun addaan baafaman.

4. Dhiheessaafi Qaacceessa Ragaalee

4.1. Mifota Akkaatummaa (Stylistic Devices)

Agarsiiftota makksummaa mammaaksota Oromoo kanneen akka qocama walmaddeessaa, haguugiinsa, ittibaaniinsa, fakkoomsa, dubbiiwwan qolaa, abaluumsa yookaan ateessafi seenimiimsa akka ta'aman ragaawwan funaannaman ni agarsiisu.

4.1.1. Qocama (Ellipsis)

Qocamni mifa akkaatummaa isa hima keessaa jechi tokko yookaan jechoonni muraasni hambifamaniifi ergaan waliigalaa himichaa galuumsarraa hubatamu jechuudha (Wales, 2014).

Fakkeenya-1

- a. *Alagaan gaafa kolfaa; firri gaafa golfaa.*
- b. *Beekaan baargamatti; doofaan of jalatti.*
- c. *Akka raachi hin duune; akka harri hin gogne.*
- d. *Bofaa lafa jiru; ulee abbaa harka jiru.*
- e. *Kan gaggabutti kan cichu.*
- f. *Gowwaa dhahii itti himi; beekaa itti akeeki.*

Mammaaksota fakkeenya 1a–f kennaman keessatti qaama himaa qocamee hafeetu argama. Akaakuun qocamaa makmaaksota Oromoo keessatti argaman gosa lama. Irra caalaan mammaaksota kanneenii (*fakkeenya 1a–e*) gosa qocamaa gaalee gochimaa yemmuu ta'an inni *fakkeenya 1f* immoo gosa qocamaa duwwoobaati. Mammaaksota Oromoo keessatti,

qoocamni odeeffannoo haaraafi barbaachisaarratti xiyyeeffachuuf gargaara. Kun akka himoonni mammaaksaa cunqoo ta'an godha.

4.1.2. Walmaddeessaa (Parallelism)

Walmaddeessaan akaakuu mifa akkaatummaa kan kutaan himaa hammi tokko kanneen caasaa seerluugaa walfakkaataa qaban himicha keessatti deddeebi'aniidha. Walmaddeessaan mataa isaatiin dubbii qolaa keessaa tokko ta'ullee jechichi mifoota akkaatummaafi dubbiiwwan qolaa hedduu of jalatti hammata. Isaan keessaa tokko dhumariinsadha. Akaakuun walmaddeessaa inni kun jechoota yookaan garee jechootaa walfakkaatoo dhuma gaaleewwanii, ciroowwanii yookaan himoota lamaafi isaa ol ta'an keessatti itti fayyadamuun uumama. Gosti biroo dursariinsa yemmuu ta'u kun kan uumamu jecha yookaan jechoota walfakkaatan jalqaba gaaleewwan, ciroo yookaan himoota lamaafi isaa ol keessatti fayyadamuudhaani. Inni sadaffaa immoo kutariinsa yoo ta'u, gosti walmaddeessaa inni kun kutaaleen himaa hammi tokko yeedaloo akka qabaataniif walqabsiiftota jidduu kutuun uumama. Akaakuun walmaddeessaa inni qorannoo kana keessatti baay'ee murteessaa ta'e faallaariinsa yeroo ta'u kuniis garee yookaan jechootaa yaadota faallaa ibsan wal maddii kaa'uudhaan kan uumamuudha. Gosti walmaddeessaa mammaaksota Oromoo keessatti argamaniifi akkaataa isaan dhaamsa mammaaksichaa cimsuurratti dhiibbaa qaban fakkeenyaawwan itti aanan keessatti ilaalluun ni danda'ama.

Fakkeenya-2

- a. *Abbaan mana jira; gurri ala jira.*
- b. *Kan jibban diddigaa namatti sissiqaa.*
- c. *Hantuutaa lubbuu; adurreef tapha.*
- d. *Tafkiin, lafatti wal nyaatti; namarratti wal baatti.*
- e. *Abbaan of hin argu; dhagaan of hin darbu.*
- f. *Dugda hin dhungan; hunda hin dubbatan.*

Fakkeenya 2a-f jiran keessatti mammaaksonni Oromoo mifa walmaddeessaatti hedduminaan fayyadameera. Akaakuun agarsiisota walmaddeessaa fakkeenya keessatti argaman kana qofa jedhanii murteessuun nama dhibullee, faallariinsaafi kutariinsa qofaatu fakkeenya kana keessa jira jechuun ni danda'ama. Fakkeenya '2b' keessatti akaakuun walmaddeessaa hojiirra oole kutariinsa, sababiin isaas, walqabsiiftuu gochoota *diddiguufi sissiquu* jedhan walitti hidhuutuu jidduu hafe waan ta'eef. Fakkeenya '2c' keessatti immoo gosti lachuu dhimma itti bahameera. Kuniis gaaleen walqabsiiftuu 'yoo ta'u' jedhu keessaa muramuun kutariinsa yoo isa taasisu,

yaadoota faallaa (gochi tokko tokkoof lubbuu kaaniif tapha) ta'an wal maddii fiduun immoo akka walmaddeessaa faallaariinsaa qabaatu isa taasisa. Haaluma wal fakkaatuun fakkeenyaawwaan hafan keessattiis agarsiiftota kunneenitu hojiirra oole.

4.1.3. Haguugiinsa (Euphemism)

Mifota akkaatummaa mammaaksa Oromoo keessatti argaman keessaa inni biraa haguugiinsa yookaan jechoota safuu yemmuu ta'u, agarsiiftonnii kun yaadootaafi wantoota ummata keessatti akka qaaniitti yookaan akka safuutti ilaalaman karaa qaani hinqabneen yookaan hinfokkifneen ibsuuf gargaara. Fakkeenya Mammaaksota Oromoo agarsiiftota akkaatummaa armaan gadiitti ilaaluun ni danda'ama

Fakkeenya-3

- a. *Raaddi harree jala ooltu **maarree** barti.*
- b. *Haqaan guddoon **maaloo** fiddi.*
- c. *Namni **maaloan** itti jirtu gara qilleensaa hin goru.*
- d. *Kan **maarree** firaa kadhate dhabnaan firummaas citte.*
- e. *Dhiirsaa fi niitii **itilleetuu** walitti araarsa.*
- f. ***Wantuma** qaban qabanii fincaanan.*
- g. ***Utubaa** hamma itti dhiibaniifi hamma itti dhiisan qaba.*

Fakkeenya 3a fi c keessatti, jechoonni walduraaduubaan '*maarree*' fi '*maaloo*' jedhan jecha dhuufuu' jedhu bakka bu'uun hojiirra oolan. Fakkeenya 3b keessatti jechi '*maaloo*' jedhu jecha '*udaan*' yookaan '*sagaraa*' jedhu bakka buufame. Fakeenya 3d keessatti, jechi '*maarree*' jedhu '*qaama hormaataa dubaraatii*' bakka bu'e. Fakeenya 3e keessatti, jechi '*itillee*' jedhu gogaa loonii osoo hintaane '*walqunnamtii saalaa*' bakka bu'uuf tajaajile. Fakeenya 3f keessatti jechi '*wantuma*' jedhuufi fakkeenya 3g keessatti inni '*utubaa*' jedhu '*qaama hormaataa dhiiraa*' bakka bu'an. Walumaagalatti, haguuginsi makmaaksota Oromoo keessatti tajaajilu, jechoota yookaan yaadota safuu, qaaniifi fokkisaa ta'e jecha biraatiin bakka buusuun ibsuuf tajaajila.

Walumaagalatti, haguuginsi mamaaksota Oromoo keessatti tajaajilu, jechoota yookaan yaadoota safuu, ta'an jecha biraatiin bakka buusuun ibsuuf tajaajila. Yeroo baay'ee jechoonni jechoota safuu bakka buufamuun tajaajila irra oolan kanneen akka '*maaloo*', '*wantoo/ wanta*' fi '*maarree*' yoo ta'an, jechoonni hiika ofdanda'e qaban kan akka '*itillee*' (fakkeenya 3e) fi jechi akka '*utubaa*' (fakkeenya 3g) keessatti argamu) hojiirra ooluu danda'u.

4.1.4. Itti baaniinsa (Wellerism)

Akka qorannoo kanaatti, ittibaaniinsa jechuun yaada, jecha yookaan gocha namni/ waanti tokko hin dubbatin yookaan hin raawwatiin akka waan raawwateetti yookaan dubbateetti fakkeessuun ibsuu jechuudha. Mammaaksa Oromoo keessatti, mifoonni akkaatummaa kunneen bal'inaan mul'atu.

Fakkeenya-4

- a. *“Moo afaan” jedhe funyaan.*
- b. *“Abbaatu of mara” jedhe bofni.*
- c. *“Osoo gubadhuun kofla” jette akaa'iin.*
- d. *“Jallaadhuma keenyaa nu fixe” jedhe mukni.*
- e. *“Waan agarre hunda hindubbannu” jette boolli qayyaa.*
- f. *“Wanti ol kaa'an hinbaddu” jette tan dubrummaan hafte.*
- g. *“Bara saddeet lamatti, laga saddeet gamatti anaatu si nyaata” jedhe waraabeessi harreedhaan.*
- h. *“Durattuu ba'aa isii malee maal naaf goote” jette sareen waraabeessi eegee irraa kunnaan.*

Akka fakkeenya 4a-gtti, mammaaksonni Oromoo mifa akkaatummaa ittibaaniinsa jedhamu qaban yoo xiqqaate kutaalee gurguddaa sadii of keessaa qaba. Isaanis, yaada dubbatame, walmaddeessaa gabaafuu fi qaama dubbatedha. Yaada dubbatame, (4a), keessatti 'moo yaa afaan', (4b), 'abbaatu of mara', (4c), 'osoon gubadhuun kofla', (4d), 'jallaadhuma keenyaa nu fixe' (4e) 'waan agarre hunda hindubbannu' fi (4f) 'wanti ol kaa'an hinbaddu' kanneen jedhaniidha. Kutaan mamaaksota inni kun yaada ittibaaname san dabarsa. Yaadni ittibaaname amala, bifa, qaama, akkaataa, rakkoofi wanta qaamni itti baaname san qabuudha. Kana jechuun, bofni amala maramuu, akkaa'iin rakkoo gubachu. Dhugaa qaban irraa ka'amee yaanni ittibaaname san uumama. Kutaan lammataa immoo walmaddeessaa gabaafuu fi qaama dubbatedha. Inniis, yeroo baay'ee jecha 'jedh-/e/an/tte yoo ta'u kutaan yaada ittibaaname san hima. Inni sadaffaa qaama ittibaaname. Qaamni itti baaname fakkeenyaawwan asii olii keessatti: 'funyaa' (4a), 'bofa' (4b), 'akaa'ii' (4c), 'muka' (4d), 'boolla qayyaa' (4e) fi 'tan dubrummaan hafte' (4f) jedhaniidha.

Mammaaksonni mifa ittibaaniinsa qaban kutaalee dabalataa kan biroo qabaachuu danda'u. Isaaniis, qaama itti dubbatameefi galumsa keessatti dubbatameedha. Fakkeenyaaf, mammaaksa 'Bara saddeet lamatti, laga saddeet gamatti anaatu si nyaata jedhe waraabeessi

harreedhaan' jedhu keessatti 'harreen' qaama itti dubbatameedha. Mamaaksota akkanaa irraa wanti hubannu qaamni itti dubbatamu qaama namaa, nama, biqiloota, bineensootaafi wantoota lubbuu hin qabne kanneen naannoo ummatichi qubatee jirutti argaman ta'uu danda'u.

4.1.5. Ateessa/Abalumsa (Appostrophe)

Richard W. (2011) mifa abalumsa kana ilaalchisee akkas jedhe: "Apostrophe is a figure of speech in which speaker directly addresses an absent or dead person, an abstract quality or sometimes non-human as if it were present or capable of responding." Akka yaada kanaatti, abalumsa jechuun gosa dubbii qolaa kan dubbataan yookaan barreessaan nama hin jirre, kan du'e yookaan wantoota nama hin ta'in akka waan nama dhaga'aniifi deebii kennuu danda'aniitti kallattiin itti dubbatamaniidha. Itti fayyadama abalumsaa kana mamaaksota Oromoo fakkeenya -5 keessatti kennaman irraa ilaaluun ni danda'ama.

Fakkeenya-5

a. *Yaa marqaa si afuufuun si liqimsuufi.*

b. *Arraba koo yaa laxxisaa siitu faallee na taasisaa.*

c. *Soogiddana mi'aa'i yookaan dhagaa jedhanii si darbanii.*

d. *Yaa harree kaan dhiittee, kaan ciniintee eenyu wajjiin araddaa ooluufi?*

Yaa saree osoo waan siin jedhan beektee waan siif kaa'an hin nyaattu.

Mammaaksonni fakkeenya-5 jala jiran kutaalee gurguddaa mul'atan lama—qaama abaloomsameefi yaada dabarfame, akkasumaas, kutaa ifa hin ta'iin—qaama dubbate ofkeessaa qaban. Fakkeenya kana keessatti qamni abaloomsame kan akka 'marqaa' (5a), 'arraba koo yaa laxxisaa' fi 'siitu' (5b), 'soogiddana' (5c), 'harree' (5d) fi 'saree' (5e) dha. Qaamni abalumsame kun nama, qaama namaa, bineensootaafi wanta lubbuu hinqabneedha. Akkasumaas, yeroo tokko tokko, qaamni abalumsame addeeffamuu danda'a. Fakkeenya 5b keessatti 'arraba koo yaa laxxisaa' jedhee laxxisummaa arraba isaa addeesse. Yaanni dabarfame immoo kan akka: 'si afuufuun si liqimsuufi' (5a), 'siitu faallee na taasisa' (5b), 'dhagaa jedhanii si darbanii' (5c), 'kaan dhiittee, kaan ciniintee eenyu wajjiin araddaa ooluufi?' (5d) fi 'osoo waan siin jedhan beeytee waan siif kaa'an hin nyaattu' (5e) jedhan faa'i. Yaada dabarfamu keessatti qaamni abalumse (dubbataan) waan ofii isaatiif hubate yookaan yaadaafi ilaalcha namni akka waliigalaatti qaama abalumsameef qabu ta'uu danda'a. Kana malees, ergaan yaada dabarfamuu dhaamsaafi gaafii taajjabbii ta'uu danda'a.

Walumaagalatti itti fayyadamni mifota akkaatummaa mammaaksa keessatti shoorri taphatu hedduu ni jira. Isaan keessaa muraasni, kan akka yaada bal'aa cunfee dhiheessuu, dandeettii yaada xiinxaluu dhaggeeffataa cimsuu, ergaa karaa nama hinmufachiifneen dabarsuufi ergaa dabarfamu akka hindagatamne taasiisuuti.

4.1.6. Gaafeebii (Hypophora)

Gaafeebiin mifa akkaatummaa isa gaafii dhiheessee itti aansuudhaan deebii laatuudha. Makmaaksonni Oromoo mifa akkaatummaa kana qaban akka itti aanutti dhiyaataniiru:

Fakkeenya-6

- a. Haatee durbaa? (*jennaan*) Durkaa? (*jedhe*).
- b. Hiyyeessaaf maal dabala? (*jennaan*) Xannee. (*jedhe*).
- c. Bishaan maaltu goosa? (*jennaan*) Waanuma keessa jiru. (*jedhe*).
- d. Haatee bareeddii? (*jennaan*) Karaa kana dhufi ilaali. (*jedhe*).
- e. Maal facaafte? (*jennaan*) Inninuu ni mayraa maaf ariifatte? (*jedhe*).
- f. Lagni kun eessatti jallate? (*jennaan*) Maddumarraayi (*jedhe*).
- g. Wallaalaan bade? (*jennaan*) Ani niin jira. (*jedhe*).
- h. Waraabeessi ilmoo tabsiisaa? (*jennaan*) Ilmoo maal taphsiisa, dhara ofii barsiisaa (*jedhe*).

Akka fakkeenya 6a–h jiran irrraa hubachuun danda'amutti, mammaaksonni Oromoo gariin mifa ogummaa kana fayyadamuudhaan ijaaramanidha. Akka ragaa jiru irraa hubatametti mammaaksonni kunneen karaa lamaan mammaakamuu danda'u. Kan duraa, jechoota walmaddeessaa gabaastuu ta'an, kanneen hammattuu keessa kaa'aman fayyadamuudhaani. Kan lammataa, walmaddeessaa gabaastuu irraa dhiisuudhaani. As irratti wanti hubatamuu qabu abbichuma mammaakutuu gaafiis gaafatee deebiis laata. Dabalataan, wanti qalbiin ilaaluu qabnu kan biraa kutaalee mammaaksonni akkanaa kun qabaniidha. Mamaaksota Oromoo bifa kanaan ijaaraman keessa walmaddeessaa gabaastuu malee kutaalee lamaa jira. Isaaniis gaafii gaafeebiiifi deebii gaafeebiiti. Gosoonni gaafiilee gaafeebii mamaaksota Oromoo gaafii odeeffannoo (fakkeenya 6b, 6c fi 6e) fi gaafii eyyee-mitii (fakkeenya 6a, 6d, 6g fi 6h) ti. Kana malees, deebiiwwan gaafeebii mamaaksota Oromoo kanneen sadarkaa jechaatti jiran (fakkeenya 6a fi 6b) fi kanneen sadarkaa himaatti jiran (fakkeenya 6c–6h) dha. Haluma walfakkaatuun, akaakuu himaa yoo ilaallu gosoota arfanuu deebii gaafii gaafeebii keessatti ni argina. Isaaniis addeessima (fakkeenya 6b, 6c, 6f fi 6g); gaafima (fakkeenya 6a fi 6e), raajeeffannima (fakkeenya 6h) fi ajajima (fakkeenya 6d) faa'i.

4.1.7. Fakkoomsa

Fakkoomsi mifa akkaatummaa jecha ‘fakkoommii’ jedhu irraa kan ijaarame yoo ta’u, jechichi wanta, gocha yookaan nama tokko kan yaada yookaan gocha tokko bakka buufame jechuudha. Jecha biraatiin, fakkoommiin mallattoo, gocha, wanta yookaan nama ta’e kan wanta yookaan yaada tokko bakka buufame jechuudha. Yeroo baay’ee, fakkoomsi kan gargaaramnuuf, yaada hin mul’anne tokko wanta mul’atu yookaan qabatamu tokkoon ibsuufi. Mammaaksonni Oromoo hedduun mifoota akkaatummaa fayyadamuun ijaaramu. Fakkeenyonni itti aanan mamaaksota Oromoo fakkoomsa fayyadamuun ijaaramanidha.

Fakkeenya-7

- a. Nama **saree** wajjiin taa’e **tafkii** itti qabata.
- b. Gaaf gaaf **harreetuu loon** dura gala.
- c. Bakka **garaan** jiru miilli nama geessa.
- d. Uraa **sareen** banteen **waraabeessi** seena.
- e. **Tiruun** bulte **lafee** taati.
- f. **Adaamiin** olla **agamsaa** ganamaa galgalli booyicha.

Mammaaksonni fakkeenya 7a–f itti jiran keessaa jechoota fakkoomsa wantoota yookaan namoota garagaraa qabanitu jira. Fakkeenya 7a keessatti jechoonni ‘saree’fi ‘tafkii’ jedhan Oromoo biratti fakkoommii gadaantummaa, gadhummaa yookaan kajeellaa jedhuufi isa qaanii, salphina yookaan rakkina jedhu walduraa duubaan qaban. Isa itti aanu (fakkeenya 7b) keessatti jechi ‘harree’ jedhu fakkoommii gadhee, kan tuffatamu yookaan dabeesa jedhu kan qabu yemmuu ta’u inni ‘loon jedhu immoo fakkoommii qabeenya, soorummaa jedhu qaba. Isa sadaffaa (fakkeenya 7c) keessatti immoo jechi ‘garaa’ jedhu fakkoommii jaalallee, fira yookaan michuuti. Fakkeenya afraffaa (7d) keessatti jechoonni ‘uraa’, ‘saree’fi ‘waraabeessa’ jedhan fakkoommii hanqina, qaawwaa yookaan rakkoo jedhutti fakkoomsame. Fakkeenya 7e keessatti jechoonni ‘tiruu’fi ‘lafee’ jedhan fira, qomoo yookaan gaarummaafi amba, hammeenya yookaan jabeenyaa ta’uun ummata Oromoo biratti beekkama. Mammaaksa isa dhumaa (7f) keessatti immoo jechoonni ‘adaamii’fi ‘agamsa’ jedhan walduraa duubaan fakkoommii roorrifamaa, araraafamaafi isa rakkina, abbaa irrummaatiin hawaasa Oromoo keessatti beekaman. Walumaagalatti fakkoomsi mamaaksota Oromoo keessatti argamu kan wantoota, namootaafi qaama namootaa irraa ijaarame yemmuu ta’u, mifti kun ergaa mammaaksotaa.

4.1.8. Dubbii Qolaa

Makmaaksi matumti isaa dubbii qolaati (Ahead, 2011). Kanaaf jecha makmaaksaafi dubbii qolaa addaan baasuun hindanda'amu. Ta'uus, makmaaksonni Oromoo tokko tokko gosoota dubbii qolaa ifa ta'e irraa ijaaraman. Mee fakkeenya—8 keessatti dubbiiwwan qolaa argaman haa ilaaluun ni danda'ama.

Fakkeenya-8

a. Jaalalti jaamaadha.

b. Ollaan kafana dofiiti.

c. Dubartiin utubaa manaati.

d. Ibidda rafe huubni too'achuu kajeela.

e. Akka madaa qubaa yaadaa garaa guba.

f. Iccitiin akkuma shimbirrootti yeroodhuma nama harkaa baatu barrisuu eegalti.

Makmaaksoota fakkeenya 8a—f itti jiran keessaatti, warreen gosa dubbii qolaa akkasaa ofkeessaa qaban 8d fi e irra kan jiraniidha. Makmaaksi fakkeenya 8a irratti argamu jaalalaatti akkuma jaamaa ta'uu; fakkeenya 8b irratti, ollaan kafanaan tokko ta'uu; akkasumaas, inni 8c irratti argamu dubartiin aakkuma utubaatti manaan dhaabbachuu; kanneen dubbii qolaa bakka buusa ta'an immoo isaan 8a, 8b fi 8c irra jiraniidha. Akka Richard (2011) jedhutti dubbiiwwan qolaa dandeettii sammuu namaa keessatti suureessa (imaginery) cimaa ta'e uumuu qabu.

4.2. Mifota Ogummaa (Literary Devices)

Agarsiiftota mammaaksummaa Mammaaksa Oromoo keessaa kan biraa mifoota ogummaati. Mifoonni ogummaa Mammaaksa Oromoo keessatti argaman kanneen akka rukutta manaa, itti fayyadama xundaa xiqqaa, sagaleebi'iinsa, itti fayyadama jechoota hiikdaneessaafi moggoo, daddeebichootaafi, seeniimiinsa fa'i. Tokkoon tokkoo mifoota ogummaa kunneenii akka armaan gadiitti ibsuun ni danda'ama.

4.2.1. Rukutta Manaa (Rhyming)

Rukutta manaa jechuun walfunata sagaleewwan dubbifamaafi dubbachiiftuu dhuma bo'owwa walaloo lama yookaan sanii ol keessatti argamaniiti. Karaa biraatiin, rukutta manaa kan argamu ogwalaloo keessatti yoo ta'u, yoo xiqqaate ogwalalichi bo'oo lama

qabaachuu qaba. Mammaaksi akkuma beekkamu yeroo baay'ee hima tokko qofaa irraa ijaarama. Kanaafuu, mammaaksi rukutaa manaa qaba yeroo jennu, sagaleewwan gaalee yookaan ciroo irraa ijaaramanitu walunata jechuu keenya. Jecha biraatiin, mammaaksi rukutaa manaa qaba jechuudha. Haala kanas, mamaaksota Oromoo armaan gadii irraa ilaaluun ni danda'ama.

Fakkeenya-9

- a.Irra turan dugda uran.*
- b.Bara quufaa lukkuu dhuufa.*
- c.Siree hiyyeessaa jalli qilleensa.*
- d.Keessa keessa adurreen bineensa.*
- e.Ani hin hambifne; ati hin qalbifne.*
- f. Dugda hin dhungatan; hunda hin dubbatan.*
- g.Itti hime yoo dhageesse; itti kenne yoo ol keesse.*
- h.Uumee uumaa hin hifatu; qalee gogaa hin dhifatu.*

Akkuma fakkeenya kanaa oliirraa hubatamutti, mammaaksonni Oromoo hedduun rukutaa manaa qabu jechuudha. Mammaaksa fakkeenya 9a keessatti, gaalee '*irra turan*' jedhuufi isa '*dugda uran*' jedhuutuu walunata. Fkn 9b keessattiis immoo gaalee '*bara quufaa*' jedhuufi '*lukkuu dhuufa*' jedhuutu mana rukuta. Fakkeenya '9c' keessattiis gaaleefi gaaleetu mana dhaha. Fakkeenya '9d' keessatti immoo gaalee durduubeetu ciroo of danda'aa wajjiin mana rukuta. Fakkeenyaawwan 9f—h jiran keessatti immoo sagaleewwan ciroowwaniitu mana rukute. Fakkeenyaawwan olitti kennaman kanarraa birkii ogummaa (literary feature) isa biroo kan hubannuu jira. Inniis walgitiinsa safara birsagaati. Fakkeenyaawwan '9a fi b' keessatti gaaleewwan argaman birsaga afur afur qabu. Fakkeenya '9c' keessatti immoo birsaga shan shan qaban. Fakkeenya '9d' keessatti immoo garaagarummaa safara birsagaa argina. Kanaafuu, Mammaaksota Oromoo keessatti, mifoonni ogummaa kunneen waan miidhagina ogummaa (aesthetic beauty) dabaluufi akka haasaa biroo irraa addaan bahee dhaga'amuufi hubatamu, akkasumaas, akka yeroo dheeraaf sammuu namaa keessa turu godha jechuudha.

4.2.2.Itti Fayyadama Xundaa Xiqqaa (Using Minimal Pair)

Xundaa xiqqaa jechuun jechoota lama kanneen garaagarummaa sagalee dubbii tokkootiin addaaddummaa hiikaa qaban jechuudha. Mammaaksota Oromoo hedduu keessatti mifni ogummaa kun ni mul'ata. Mee mamaaksota kanaa gadiitti (fakkeenya 10) jalatti kennaman haa ilaalluu.

Fakkeenya-10

- a. *Namni **du'e**, boolla **bu'e**.*
- b. *Taatu **garbuu**, diddu **darbuu**.*
- c. *Nama wal **kajeelu** afaan hin **qajeelu**.*
- d. *Wal **sobuu** irra wal **gobuu** wayya.*
- e. *Osoo hin **hubatin** qubaa hin **gubatin**.*
- f. *Wissaa **qalaa** boruun **galaa**.*
- g. *Kan **boonu** kan **booyu** hin ga'u.*
- h. ***Godoo** namaa lixee **gadoo** namaa himte.*

Fakkeenya 10a keessatti jechi '*du'e*' jedhuufi '*bu'e*' jedhu, fakkeenya 10b keessatti jechi '*garbuu*' jedhuufi kan '*darbuu*' jedhu, fakkeenya 10c keessatti '*kajeelu*' fi '*qajeelu*' jedhan, fakkeenya 10d keessatti jechi '*sobuu*' jedhuufi inni '*gobuu*' jedhu, fakkeenya 10e keessatti jechi '*hubatiin*' jedhuufi kan '*gubatiin*' jedhu, fakkeenya 10f keessatti jechoonni '*qalaa*' fi '*galaa*' jedhan, fakkeenya 10g keessatti jechi '*boonu*' jedhuufi inni '*booyu*' jedhu, akkasumaas, fakkeenya 10h keessatti jechoonni '*godoo*' fi '*gadoo*' jedhan xundaa xiqqaadha. Waa'ee xundaa xiqqaa ilaalchisee, qabxiwwan afur mammaaksota kana irraa, hubachuu ni danda'ama. Isaan keessaa kan jalqabaa, jechoonni xundaa xiqqaa ta'an kunneen gaaleewwan mammaaksichaa garaa garaa keessatti argamu. Kana jechuun, jechoonni lamaanuu gaalee tokko keessatti waliin hin argaman jechuudha. Kan lammaffaa, jechoonni xundaa xiqqaa ta'an kunneen gaalee keessatti iddoo walfakkaatu irratti argaman. Inni sadaffaan, jechoonni xundaa xiqqaa ta'an mammaaksa keessatti argaman keessatti garee jechootaa walfakkaataniidha. Kana malees, jechoonni xundaa xiqqaa uuman kunneen jechoota garee jechaa walfakkaatuun durfamuu yookaan itti aannamu. Walumaagalatti, itti fayyadamni xundaa xiqqaa, mammaaksa Oromoo keessatti, tajaajila ogummaa hedduu laachuu danda'a, garuu sana keessaa inni ijoon yadalaawiinsa himichaaf laachuudhaan mammaaksicha miidhaginsa ogummaa gonfachiisee akka salphatti yaadatamuufi haasawa keessatti hojiirra oolfamu kan taasisuudha.

4.2.3. Sagaleebi'iinsa (Alliteration)

Sagaleebi'iinsa jechi jedhu jechoota Afaan Oromoo lama—jechuuniis, sagaleefi deddeebi'iinsa kanneen jedhan irraa kana mala suphuutiin uumame. Akka Robert & Sharma (2013) jedhutti sagaleebi'iinsa jechuun mifa ogummaa kan daddeebi'iinsa sagaleewwan dubbifamaa jechoota hima tokko keessatti argamaniiti. Mammaaksota Oromoo keessatti

mifni kun bal'inaan argama. Fakkeenya—11 mammaaksota Oromoo kanneen mifa ogummaa sagaleebi'iinsaa qaban argisiisa.

Fakkeenya-11

a. *Baraan barruu horan.*

b. *Boona booddi booya.*

c. *Garbichi quufe garbuu babbaaqa.*

d. *Salphoo soqolattee soqolaa gargaarte.*

e. *Tiksee dhiboofuun dhiyoo dhiftee fagootti dhamaati.*

Fakkeenya 11a keessatti sagaleewwan dubbii /b/n si'a lama, akkasumaas, sagaleen /r/ si'a sadii deddeebi'aniiru. Fakkeenya 11b keessatti sagaleen /b/ al-sadii jalqaba jechoota mammaaksichaa irratti dhufeera. Fakkeenya 11c keessatti sagaleen /b/ si'a afur, sagaleen /g/ fi /q/ is'a lama lama iddoo adda addaatti deddeebi'aniiru. Fakkeenya 11d keessatti sagaleen /s/ al-sadii jalqabarratti, akkasuma sagaleen /l/ si'a sadii walakkaa jechoota mammaaksichaa irratti deddeebi'uun dhufaniiru. Fakkeenya 11e keessatti sagaleen /dha/ al-afur jalqaba irratti, sagaleen /f/ si'a lama walakkaa irrattii fi si'a tokko jalqaba irratti dhufeera. Akka waliigalaatti, sagaleebi'iinsi akkanaa kun mammaaksota miidhagina ogummaa akka gonfatan taasisuun dandeettii afoolummaa isaanii cimaa taasisa.

4.2.4. Itti Fayyadama Jecha Hikdaneessaafi Mooggoowwanii (Using Hyponyms &

Homophones)

Itti fayyadamni jechoota hikdaneessaafi mooggoowwanii akka meeshaa ogummaa tokkotti beekkamu baatanillee makmaaksoota Oromoo keessatti akka meeshaa tokkoottiargaman. Mee makmaaksoota itti aanan (fakkeenya—12) haa ilaalluu:

Fakkeenya-12

a. *Aanatu reeffatti aana.*

b. *Raafuu nyaatee rafuu dide.*

c. *Sodaa warra soddaa marqa alanfatan.*

d. *Kan dhugaatti hin quufne dhugaatii hin quufu.*

e. *Ni taati jennee harree qallee hin taatu jennaan harree galle.*

f. *Keessummaan duuba dhufte kan duuba fudhate haasoofte.*

Akkuma ifatti mul'atutti, jechoonni 'aanaa' fi 'aana' (fakkeenya—12a), 'raafuu' fi 'rafuu' (fakkeenya—12b), 'sodaa' fi 'soddaa' (fakkeenya—12c), 'godoo' fi 'gadoo' (fakkeenya—

12d), ‘*dhugatti*’ fi ‘*dhugaatii*’ (fakkeenya—12e) jedhan, fakkeenya—12f keessatti jechi hikdaneessi ‘*harree*’ jedhu, akkasumaas, ‘*duuba*’ fi ‘*duba*’ (fakkeenya—12g) hojiirra ooluun makmaaksoonni akka dhamaafi dhandhama ogummaa qabaatu taasisaniiru.

4.2.5. Daddeebichootaa/ Daddeebi’iinsa Jechootaa

Deddeechooonni akkuma isa mata duree kanaa olii (4.2.4.) jalatti ilaalleetti meeshaa ogummaa kan deddeebi’iinsa jechootaa hima tokko keessatti dhufuutiin uumamuudha. Kana kan adda taasisu, kan daddeebi’u jechoota sagaloomsaan (pronunciation) walfakkaatan yookaan kanneen haala tokkoon barreeffamanii hiika adda addaa tokkoo ol qabanii miti. Deddeebichoota keessatti jechoota jechi tokko muraa isa kaanii ta’e yookaan jechoota birsagni isaanii hammi tokko walfakaatuutu argama. Mee makmaaksoota itti aanan (fakkeenya—13) haa ilaalluu:

Fakkeenya-13

- a. *Afaan laafaan lafee cabsa.*
- b. *Namni galaaf ka’e nama galaafata.*
- c. *Waan ofiifuu darbuuf of hin dabarsan.*
- d. *Nama nama qabu qabaan hin dadhabu.*
- e. *Intalti garaa laaftu garaa duwwaa hin haftu.*
- f. *Sabbata jedhee hidhadhee bofa ta’ee na hidhe*

Akka fakkeenya—13 irraa hubannutti, jechoonni *laafaa* fi *lafee* (fakkeenya—13a), *galaafi galaafata* (fakkeenya—13b), *ofiifuufi of & darbuuffi dabarsan* (fakkeenya—13c), *qabuufi qabaa* (fakkeenya—13d), *garaa laaftuufi garaa duwwaa* (fakkeenya—13f), *hidhadheefi hidhe* (fakkeenya—13g) jedhan wal faana deddeebi’uun meeshaa ogummaa daddeebichoota jedhamu uumaniiru. Meeshaan kun yadala’insa himichaa uumuudhaan qalbii dhaggeeffataa hawwachuun akka caqafamuufi ergaa isaa sammuu namaa keessa turu taasisa.

4.2.6. Seenimiinsa (Allusion)

Seenimiinsa jechuun meeshaa ogummaa wantoota, namoota, bakkootaafi ta’iinsoota kanaan dura raawwataman yookaan raawwachaa turan yaada haaraan walqabsiisuudha. Meeshaan kun akka dubbii qolaa tokkottillee ni fudhatama (Irwin, W.T., 2002). Makmaaksoonni Oromoo meeshaa ogummaa kanaan ijaaraman dabree dabree ni mul’atan. Tokkoon tokkoo makmaaksoota gosa kanaa akka itti aanutti haa ilaalluu:

Fakkeenya-14

- a. Akkeessaa Abbaa Jifaar Jimma kaarruu qaba.*
- b. Murtiguuto lafeen Calanqo jirti.*
- c. Loon mana hin oolin narraas hin bobba'inii Akkoo Manooyyee.*
- d. Xaaliyaanii as abbaatu iffaarsa.*

Fakkeenya 14a irratti mammaaksi argamu kan makmaakamuuf akkeessaa nama tokkoo yookaan gocha tokkoorratti. Makmaaksi kun kan seenimameen mootiifi hundeessaa magaalaa Jimmaa Abbaa Jifaar lammaffaati. Abbaa Jiraaf kaarruu qaba jedhama. Haaluma walfakkaatuun, iddoo magaalaa Jimmaa irratti hundoofte maddii teessuma lafaa kan kaarruu fakkaatuu jira. Kanarraa ka'uudhaan makmaaksi kun ijaaramuun hojiirra oole. Makmaaksi fakkeenya—14b irratti argamuus Murtiguuto, yeroo ammaa murtii guuto, namni murtii guutu, akkuma Murti-guutoo, loltootaafi gootoota dirree lolaa Calanqoorratti wareegamanitti, hinjiru ergaa jedhu dabarsuuf makmaakama. Yeroo ammaa namni waada seene guutu dhabamuu wareegamuu Murti-guutootiin seenimeessa. Makmaaksa itti aanu (fakkeenya 14c) irratti dubbii Mootittiin Akkoo Manooyyee dubbatteen walitti hidhata qaba. Akkoo Manooyyee mootittii haadha irree ta'uudhaan beekamtuudha. Hammeenya hakuucmaa isii kanarraa kan ka'e balbala mooraa loonii dura teessee, '*loon narra hin bobba'in manaas hin oolin*' jechuudhaan ajajje jedhama. Sana booda namni dubbii isii san makmaaksa godhatee makmaakuun eegle. Makmaaksa maayyii (fakkeenya 14d) irratti argamu weerrara Xaaliyaanii isa ALA bara 1935 walqabata. Ummata Oromoos ta'ee kan biraa weerrara sanaan dura ofiin of faarsuu hinbeekan ture. Garuu, weerrara sana booda aadaa badaa Xaaliyaanirraa dhaaluun abbaan of faarsuu jalqabe jedhama. Mudannoo kana ibsuuf mammaaksi, "Xaaliyaanii as abbaatu of faarsa" jedhu uumame.

4.3. Amaloota Xiinimaa (Syntactic Properties)

Amaloonni xiinhimaa ijaarsa mammaaksootaa keessatti ga'ee guddaa taphatu. Amaloota xiinhimaa makmaaksootaa hunda tarreessuudhaan lafa kaa'uun ni ulfaata. Amaloonni xiinhimaa himoota mammaaksoota Oromoo himoota biroottiin adda taasisan akkaataa matimaa, gosoota himaafi caasaa mammaksummaa mammaaksoota Oromooti.

4.3.1. Akkaataa Matimaa

4.3.1.1. Matima Idilee/ Sirrii (Canonical Subject)

Matima idilee jechuun, matimoota hima makmaaksa Oromoo isa iddoo matimaa idileetti argamuufi unkaa matimummaa maxxanfate qabuudha. Makmaaksoonna Oromoo tokko tokko matima idilee qaban. Fakkeenya—15 jalatti mammaaksoonna akkasii kennamaniiru:

Fakkeenya-15

- a. *Addunyaan fiixeensa.*
- b. *Kaleen har'a hin taatu.*
- c. *Gaalli bakka oole fakkaata.*
- d. *Weenniin bifa isiitiif jecha duuti.*
- e. *Ijji lama ilaaltu tokkollee hin haleeltu.*

Fakkeenya 15a keessatti, jechi 'Addunyaan' jedhu matima hima makmaaksichaa yeroo ta'u, kan tajaajila laate addeessima eeyyeentaa gochima ta'uumsaa duwwaa ta'een goolabameeti. Fakkeenya 15b keessatti jechi 'kaleen' jedhu matima addeessimaa kan xumura ta'uumsaa hi'iintaa ta'eti. Fakkeenya 15c keessatti immoo jechi 'gaalli' jedhu matima hima addeessaa kan xumura gochaa eeyyeentaa ta'eeti. 15d 'weenniin' jedhu matima addeessimaa kan xumura gochaa eeyyeentaa ta'e qabuuti. Fakkeenya 15e keessatti jechi 'ijji' jedhu matima addeessimaa kan xumura gochaa hi'iintaa ta'eeti. Mammaaksonni akkanaa kun yoo akeektoota mammaaksummaa birootiin ta'e malee akkaataa matimaatiin himoota birootiin addaan baasuun hindanda'amu.

4.3.1.2. Matima Onaa (Empty Subject)

Matima onaa jechuun matima himaa isa unkaa matimummaa malee hima keessatti argamuudha. Matimni onaa iddoo idilee matimaatti yookaan iddoo biraatti latii matimeessituun maleetti argamuu danda'a. Makmaaksni Oromoo tokko tokko matima onaa qabu. Isaan san fakkeenya itti aanu (fakkeenya 16) jalatti haa ilaalluu.

Fakkeenya-16

- a. *Harkaa harka dhiqa.*
- b. *Aanaa reeffatti aana.*
- c. *Lubbuu gootaa Waaqaa eega.*
- d. *Miila lama cabe sadeessaan naafa.*

Akkuma fakkeenya—16 irraa hubatamutti, mammaaksoota kanneen keessatti jechoonni ‘*harkaa*’ (fakkeenya—16a), ‘*aanaa*’ (fakkeenya—16b), ‘*Waaqaatu*’ (fakkeenya 16—c) fi ‘*miila lama cabe*’ (fakkeenya—16d) jedhan akka matimaatti tajaajilan. Haa ta’uu malee jechoonni kunneen unkaa yookaan latii matimummaa hinqaban. Kanaaf, matima onaa jedhaman. Matima onaa qabaachuun amala xiinhimaa himoota mammaaksoota Oromoo himoota birootiin adda taasisuudha.

4.3.1.3. *Matima Buqqa’e (Displaced Subject)*

Matima buqqa’e jechuun maqaa hima tokko keessatti matima ta’ee tajaajilu kan unkaa matimummaa qabu isa buqqa’ee iddoo matimaatti maleetti argamu jechuudha. Makmaaksoonni Oromoo matimaa akkanaa qaban fakkeenya—17 jalatti haa ilaalluu:

Fakkeenya-17

- a. *Abbaa baraa eeboon qara.*
- b. *Ija jibbaa gowwaan jaalala se’a.*
- c. *Keessa keessa adurreen bineensa.*
- d. *Nama nama qabu qabaan hindadhabu.*
- e. *Akkeessaa namaa miilli handaaqqoo lama.*
- f. *Jooraa ooltuu sareen waan hinjirre hinfuutu.*

Fakkeenya—17 keessatti jechoonni gurraachoman matimoota himoota mammaaksootaati. Mammaaksoota kanneen keessatti, mathimni unkaa matimummaa qabaatullee iddoo idilee isaa, (jalqaba himaarratti) argamuu dhiisee himicha keessatti iddoo biroo taa’eera. Isa kanaan matima buqqa’e jennaan. Mammaaksoota matima buqqa’e qaban keessatti caasaan himaatilleen isa hima idileetiin adda. Odoo himoonni mammaaksoota kanneenii hima idilee ta’anii, ‘*eeboon abbaa baraa qara*’ (fakkeenya—17a); ‘*gowwaan ija jibbaa jalaala se’a*’ (fakkeenya—17b); ‘*adurreen keessa keessa bineensa*’ (fakkeenya—17c); ‘*qabaan nama nama qabu hindadhabu*’ (fakkeenya—17d); fi ‘*sareen jooraa ooltuu waan hinjirre hinfuutu*’ (fakkeenya—17f) isa jedhu ta’an ture. Kanaafuu, matima buqqa’e qabaachuun amala xiinhimaa mammaasoota Oromoo keessaa isa tokko.

4.3.1.4. *Matima Soofame (Clifted Subject)*

Matima soofame jechuun matima maqaafi ibsa maqaarraa ijaarame isa, faallaa seera afaanichaatiin, ibsi maqaa latii matimummaa maxxanfachuudhaan maqaa dursee argamuudha. Fakkeenya—18 makmaaksoota matima soofame qaban argisiisa.

Fakkeenya-18

- a. *Guutuun namaa hin cuqa'u.*
- b. *Jarjaraan waraabeessaa gaafa ciniine.*
- c. *Of jejjuun lukkuu ani iyyinaan bari'e jetti.*
- d. *Dayyuusni niitii iccitii dhiirsaa gad baaftee facaafiti.*

Haaluma fakkeenya—18 irraa hubatamutti, gaaleewwan ‘guutuun namaa’ (fakkeenya—18a), ‘jarjaraan waraabeessaa’ (fakkeenya—18b), ‘ofjejjuun lukkuu’ (fakkeenya—18c) fi ‘dayyuusni niitii’ (fakkeenya—18d) jedhan gaaleewwan matima soofameeti. Matima soofame keessatti qabxiilee ijoo hubachuu qabnu mafimni soofame maqaafi maqibsiirraa ijaaramuu, matima soofame keessatti ibsi maqaa maqaa dursuun dhufuufi unkaan matimummaa kan maxxanu ibsa maqaa qofarraatti ta’uudha.

4.3.1.5. Matima Waliigalaa (Impersonal Subject)

Matima waliigalaa jechuun matima yookaan raawwataan gochaa nama waligalaa ta’eefi isa ifatti himicha keessatti hineeramin jechuudha. Kana jechuun matimni himichaa ramaddii sadaffaa danuudha jechuudha. Lakkoofsaan danuu haa ta’uu malee kan inni bakka bu’u jecha waliigalaa nama jedhudha. Fakkeenya—19 jalatti makmaaksoota matima waliigalaa qabantu argisiifame.

Fakkeenya-19

- a. *Baraan barruu horan.*
- b. *Irra turan dugda uran.*
- c. *Ganna darbeef mana hin ijaaran.*
- d. *Wal sobuurra wal gobuu wayya.*
- e. *Lafatti kufanii lafa qabatanii ka’an.*
- f. *Abbaanuu hin gallee fardaaf booyanii.*

Akkuma tokkoon tokkoo mammaaksoota fakkeenya—19 irraa arginutti, matimoonni himoota mammaaksootaa hundi ifatti hin eeramne. Haa taa’uu malee, matimni dhokotaan kun isa ‘namni’ jedhuudha. Qabxiin dabalataa fakkeenya kanarraa hubannu ennaan mammaaksoota kanneenii marti ammeennaa (simple present tense) dha. Kuniis, dhugaa waliigalaa argisiisuuf fayyada.

4.3.1.6. Matima Seerluugaa (Elided Subject)

Matima seerluugaa jechuun, matimaa kan akkuma isa matima waliigalaatti ifatti hinibsamineefi eenyummaan matimichaa seerluuga himichaarraa beekkamuudha. Fakkeenya—20 haa ilaalluu.

Fakkeenya-20

- a. Kan baaseetu balbala.*
- b. Taatu garbuu diddu darbuu.*
- c. Kanaas gootu hin heerumtu.*
- d. Kan luba hin qabne lubbuu hin qabu.*
- e. Tan fira daaraa qabdu bubbeetti dhaammatti.*
- f. Gowwaa dha'ii itti himi, abshaala immoo itti akeeki.*
- g. Uumee uumaa hin hifatu, qalee gogaa hin dhifatu.*

Akkuma fakkeenya—20 irratti mul'atutti, matimoonni himoota mammaaksootaa ifatti hinmul'atu. Haa ta'uu malee, matimoonni himoota mammaaksoota kanneenii galuumsa seerluuga himaarraa beekkaman. Gaalee 'kan baaseetu' (fakkeenya—20a) jedhu matimni korniyaa dhiiraa qabaachuu, jedhurraa matimni akka koorniyaa dhiiraa qabaachuu, haaluma walfakkaatuun fakkeenya 20c, 20d fi 20e keessatti matimoonni dhokataan argaman koorniyaa dubaraa akka qaban ni beekkama. Fakkeenya 20f keessatti matimni dhokotaan argamu 'ati' kan jedhu yemmuu ta'u, fakkeenya 20g keessatti immoo matimni dhokotaan jiru Waaqa akka ta'e tilmaamuun ni danda'ama. Mammaaksoonni matima seerluugaa qaban dhugaa waliigalaa ibsuuf tajaajilan.

4.3.2. Gosa Himaa

4.3.2.1. Addeessima (Statement)

Addeessimni gosa himaa kan odeeffannoo laatuudha. Mammaaksa Oromoo keessatti akaakuun himaa bal'inaan argamu addeessima. Fakkeenya—21 jalatti mammaaksoota Oromoo caasaa hima addeessaa qaban ilaalla.

Fakkeenya-21

- a. Ollaan kafana ofiiti.*
- b. Akka cabanitti hokkolan.*
- c. Tiruun bulte lafee taati.*

d.Afaan laafaan lafee cabsa.

e.Karaan sobaan darban deebitti nama dhiba.

Mammaaksonni Oromoo caasaa hima addeessaatiin dhiyaatan odeeffannoo barbaadame kallattiifi karaa salphaa ta'een dabarsuuf tajaajilan.

4.3.2.2.Gaafima (Interrogative)

Gaafimni gosa himaa gaafii gaafachuuf tajaajiluudha. Himni akkanaa kan dhumatu mallattoo gaafiitiini. Baay'achuu baatullee, mammaaksoota Oromoo tokko tokkocaasaa hima gaafii qaban. Fakkeenya—22 jalatti mammaaksoonna gaafimaa dhiyaataniiru.

Fakkeenya-22

a.Abbaanuu hingallee fardaaf booyanii?

b.Kopheen muka kortee seexanaatu na darbe jechuufi?

c.Karkarroofi booyyee kamtuu irra bareeda?

d.Yeroo ollaan kee mana aarsu waan gube seetee?

Akkuma fakkeenya—22 irraa hubannutti mammaaksoonna Oromoo gariin caasaa hima gaafii qaban. Gaafiin hima mammaaksoota kanneenii gosa eeyyee-mitiiti. Haa ta'uu maleem gaafiileen hima mammaaksoota kanaa kanneen deebii 'eeyyee' yookaan 'miti' jedhu barbaadanii miti—ergaa 'akkas godhamuu hinqabaatu' jedhu dabarsan. Fakkeenyaaf isa 'abbaanuu hingallee fardaaf booyanii' (fakkeenya—22a) keessatti ergaa 'abbaanuu hingallee fardaaf booyuu hinqaban' jedhuutu dabarfame.

4.3.2.3.Ajajima

Ajajimni himaa ajaja dabarsuuf, waa kadhachuuf yookaan gorsa kennuuf ooludha. Akkaakuun hima kanaa matima ifatti ibsame hinqabu. Mee makmaaksoota Oromoo ajajima ta'an fakkeenya—23 jalatti haa ilaalluu.

Fakkeenya-23

a.Haadha ilaali intala fuudhi.

b.Ari'ii biyyaa baasii qabii itti hasaasi.

c.Osoo hin hubatin qubaa hin gubatin.

d.Jaarsa harreerra kaa'ii waan himatu dhoowwi.

e.Niin qaba jettee hin boonin, dhabe jette hin booyin.

f.Arge jettee hin dhoksin; dhaga'e jettee hin odeessin.

Akkuma kanaa olitti (fakkeenya—23) ifatti taa’etti, mammaaksoonni Oromoo garii caasaa hima ajajaa qaba. Makmaaksoonni caasaa gosa hima ajajaa qaban kunneen isaan biroo caalaa ergaa barbaadame kallattiin dabarsuuf humna cimaa qaban.

4.3.3. Caasaa Mammaaksotaa (Proverbial Formulae)

Mammaaksoonni afaan kamiyyuu bu’ura xiinqooqaa ittiin ijaaraman qaban. Yaada kana Mac Coinnigh (2015) akkas jechuun ibsa, “All languages possess certain structural formulae that exhibit a high degree of peculiarity towards the proverb as a linguistic form (f.15). Kanarraa akka hubannutti mammaaksoonni akka unkaa xiinqooqaa tokkotti caasaa ijaarsaa of danda’e qaban. Caasaan kuniis baay’ee hedduu waan ta’aniif hunda isaanii tarreessanii xumuruun hindanda’amu. Kutaa kana jalatti, caasaa mammaaksummaa mammaaksoota Oromoo ilaalla.

4.3.3.1.A... fi B....n C... dha/ godhu

Makmaaksoota Oromoo keessaa kanneen caasaa ‘A... fi B...n C’ jedhuun ijaaramanii jira. Fakkeenya—24 jalatti mammaaksoonni haala kanaan ijaaraman kennamaniiru.

Fakkeenya-24

- a. *Ollaafi dugdaan lafaa ka’an.*
- b. *Jiruufi jaartii soddaa hin tuffatan.*
- c. *Bishaaniifi haati hamtuu hin qaban.*
- d. *Dubbiifi gogaan yoo dhiisisan laafu.*
- e. *Manguddoofi eeboo dura hin dhaabbatan.*
- f. *Kan nyaateefi kan kaateetu waa jalaa baha.*
- g. *Seenaan dhugaafi lafti dhagaa nama jalaa hin baddu.*

Mammaaksoonni caasaa kanaa birkiilee sadii qaban—isaaniis A, B fi C dha. A fi B’n wantoota lama kanneen adda addaa yookaan maqaalee lama kanneen matima dacha himichaa ta’aniidha. Fakkeenyaaf ‘*ollaafi dugda*’ (24a), ‘*jiruufi jaartii soddaa*’ (24b), ‘*bishaaniifi haadha*’ (24c), ‘*dubbiifi gogaa*’ (24d), ‘*manguddoofi eeboo*’ (24e), ‘*kan nyaateefi kan kaate*’ (24f), fi ‘*seena dhugaafi lafa dhagaa*’ (24g). Cn immoo kutima himichaa kan amala A fi Bn ittiin walfakkaataniin addeessuudha. Mammaaksoota akkanaa keessatti matimoota lamaan fi’n walqabatan (A fi B) keessaa isa irracaalatti amala C irratti ibsame qabuutu gara C aana. Fakkeenyaaf lafaa ka’uuf inni caalaa gargaaru dugda waan ta’eef ‘*dugdaafi ollaan lafaa ka’an*’ osoo hintaane ‘*ollaafi dugdaan lafaa ka’an*’ (fakkeenya—24a) jenna. Haaluma kanaan, ‘*jaartii soddaafi jiruu*’ osoo hinta’in, ‘*jiruufi jaartii soddaa*’ (fakkeenya 24—b), ‘*eeboofi manguddoo*’

osoo hintaane, ‘manguddoofi eeboo’ (fakkeenya 24—e) jenna jechuudha. Dabalataan, mammaaksoonni caasaa kana qaban kan mammaakaman galuumsa A keessatti malee galuums B keessattii miti. Fakkeenyaaf ‘ollaafi dugdaan lafaa ka’an’ jennee kan mammaaknu yeroo gaaroomina olla dubbannu malee yeroo faayidaa dugdaa odeessinu miti.

4.3.3.2.A ta’aniif B hin ta’an

Mammaaksoonni Oromoo gariin caasaa mammaaksummaa ‘A ta’aniif B hin ta’an’ jedhuun ijaaraman. Mammaaksoota akaakuu kanaa fakkeenya itti aanu (fakkeenya-25) keessatti haa ilaalluu:

Fakkeenya-25

- a. *Qallataniif nama hin hanqatan.*
- b. *Jarjaraniif abbaa dura hin dhalatan.*
- c. *Bareeddeef obboleettii hin fuudhan.*
- d. *Dubbiin baay’atteef harretti hin fe’an.*
- e. *Dheerateef leemmanni gudeelcha hin ta’u.*
- f. *Baay’atee dallaa guutteef harreen loon hin taatu.*

Akkuma mammaaksoota fakkeenya 25 kanaan olitti keennaman irraa akka hubatamuun danda’amutti, mammaaksoonni formulaa mammaaksummaa ‘A ta’aniif B hin ta’an’ jedhuun ijaaraman. Mammaaksoota akkanaa keessatti ‘A’n ulaagaa waan tokkoo ibsa. Fakkeenyaaf 25a qallachuu, 25b jarjaruu, 25c bareeduu, 25d dubbiin baay’achuu.... Akka ulaagaa tokkootti dhiheessa. Achi booda, ‘B’n hi’oomiinsa (negation) yookaan waan ulaagaa sana qabaachuun qoftiin nama hintaasifne yookaan hingonfachiifne addeessa.

4.3.3.3.A ... malee (B...n) hin

Mammaaksoonno Oromoo baay’een caasaa mammaaksummaa ‘A... malee (B...n) hin’ jedhun ijaaraman. Fakkeenya—26 keessatti mammaaksoonni Oromoo isaan caasaa kanaan ijaaraman kennamaniiru:

Fakkeenya-26

- a. *Boora’u malee hin taliilu.*
- b. *Qalbii malee ijji hin argitu.*
- c. *Waa malee manni hin aaru.*
- d. *Aaggatan malee hin darbatan.*
- e. *Hidda malee xannachi hin dhiigu.*

- f. Beekaan afaan malee hulaa hin cufatu.*
- g. Ol kaa 'an malee ol ka 'anii hin fuudhan.*
- h. Akka baraa malee akka baranitti hin bulan.*

Mammaaksoonna fakkeenya kana jalatti argaman waan isaan walfakkeessuutu jira. Kuniis kutaa 'B' booda xumura hi'oomfame (negated verb) qabaachuu isaaniiti. Fakkeenyaaf 'hin taliilu' (26a), 'hin argitu' (26b.), 'hinaaru' (26c), 'hindarbatan' (26d), Garuu, kutaan 'A' fi 'B' mammaaksoota kanneenii akaakuu lama—kanneen xumura ta'an (fakkeenya—26a, 26d fi 26g) fi kanneen maqaa yookaan gaalee maqaa ta'an (fakkeenya—26b, 26c, 26e fi 26f) qaban. Mammaaksoota kanneen keessatti isaan 'A' fi 'B'n maqaa ta'an 'waan tokko kan godhu B osoo hin taane A dha' yaada jedhu dabarsan. Jechuuniis, 'ija osoo hin ta'in qalbii arga' (fakkeenya—26b). Mammaaksoonna A' fi B'n isaanii xumura ta'e immoo tartiiba raawwii waan tokkoo keessatti 'B' dursee 'A' ta'a/ godhama yaada jedhu dabarsan.

4.3.3.4. 'A'n 'B'...dha; 'C'n D...dha

Mammaaksoota bu'ura ijaarsaa 'A'n B...dha, 'C'n D...dha' jedhu qaban kanneen Fakkeenya—27 jalatti laatamaniidha.

Fakkeenya-27

- a. Taatu garbuu; diddu darbuu.*
- b. Abbaan mana jira; gurri ala jira.*
- c. Waamuun ulfina; hafuun salphina.*
- d. Hantuutaaf lubbu; adurreef tapha.*
- e. Abbaan of hin argu; dhagaan of hin darbu.*
- f. Yoo dubbatan bubblee; yoo callisan buqqee.*

Mammaaksoonna kunneen yaadoota lama akka filannootti (fakkeenya 27a) yookaan kanneen waliif faallaa (fakkeenya—27b, c, d f) yookaan hiika akkuma jedhuun kanneen walfakkeenya qaban (fakkeenya 27e) dhiheessuuf tajaajilan.

4.3.3.5. A... irra/ mannaa B... wayyaa/ caala

Caasaan mammaaksummaa mammaaksoota Oroomoo keessaa inni biraa isa 'A irra/ mannaa B wayyaa/ caala' unkaa jedhuun kanneen ijaaramaniidha. Fakkeenya—28 jalatti mammaaksoonna Oromoo unkaa kanaan ijaaraman kennamaniiru.

Fakkeenya-28

- a.Beela irra bokoka wayyaa.*
- b.Dhibuu mannaa dhibaayyuu wayyaa.*
- c.Fira fagoorra amba dhiyoo caala.*
- d.Maqaan baduu mannaa mataan baduu wayyaa.*
- e.Garaa dhibuu mannaa miila dhibuu caala.*

Mammaaksoonna Oromoo caasaa kanaan ijaaraman wantoota lama waldorgomsiisan. Fakkeenya—28a keessatti ‘beelaa’fi ‘bokoka’, 28b keessatti ‘dhibuu’fi ‘dhibaayyuu’... waldorgomsiisan. Kanamalees, mammaaksoonna kunneen waan akka dhugaa waliigalaatti hincaalle, akka caalutti dhiheessan. Fakkeenya—28c irratti ambiti akka fira caaltu addeessa.

4.3.3.6.A...n B ...ta’u C... hinta’u**Fakkeenya-29**

- a.Abbaan of faarsu re’ee mucha lamaa hin ga’u.*
- b.Jabbiin hootu hin marrattu.*
- c.Nama lafa ilaalu waan nama ilaalu hin see’an.*
- d.Waan ofiifuu darbuuf of hin dabarsan.*
- e.Aannan dhiiraaf kaa’an funyaan hin kaa’an.*

4.3.3.7.A ...taatuun B.... hintaatu

Mammaaksoonna Oromoo dabree dabree caasaa mammaaksummaa ‘A ... taatuun B... hintaatu’ jedhuun ijaaramantu jira. Isaan kun fakkeenya—30 jalatti laatamaniiru:

Fakkeenya-30

- a.Hima didduun du’a hin diddu.*
- b.Hodhaa didduun gu’a hin diddu.*
- c.Of jejuun hamma afaanii hin geessu.*

Mammaaksoota caasaa kana qaban keessatti ‘A’n amala yoo ibsu, ‘B’n immoo hi’oomiinsa (negation) amala saniin walqabatu akeeka. Mammaaksoonna kunneen seerluga korniyyaa dubara (grammatical feminine gender) fayyadaman.

4.3.3.8.Kan A... B hin.....

Mammaaksoota Oromoo kanneen formulaa mammaaksummaa ‘Kan A... B hin...’jedhuun ijaaramaniitu jira. Mammaaksoota akkanaa kanneen fakkeenya—31 jalatti kennaman haa ilaalluu:

Fakkeenya-31

- a.Kan dabre hin darbatan.*
- b.Kan jirutti baalliin hin baatu.*
- c.Kan nyaate nama hin nyaatu.*
- d.Kan arba ajjeese furrii hin baafatu.*
- e.Kan kudhan ari’e tokkollee hin qabu.*

Akka fakkeenya kanarraa hubannutti, ‘A’n amala waan tokkoo yoo ibsu ‘B’n immoo hi’oomiinsa akeeka. Ifa taasisuuf, fakkeenya—31c irratti kana gocha nyaachuu raawwate, akka nama hinnyaanne ibsa. Walumaagalatti, mammaaksoonna caasaa mammaaksummaa kana qaban isaan mataduree olii (4.3.3.7. jalatti) ilaalleen walittidhifeenya qaban.

4.3.3.9.A...ta’aniif B... hinta’an; C ...ta’aniif D... hinta’an

Mammaaksoota Oromoo caasaa mammaaksummaa ‘A... ta’aniif B hin ta’an, C ta’aniif D hin ta’an,’ jedhu qabaniitu argama. Mammaaksoota akkanaa fakkeenya—32 jalatti haa ilaalluu:

Fakkeenya-32

- a.Daakaniif hin marqan; dharra’aniif hin argan.*
- b.Irreen hin moohan; alagaan hin boonan.*

Fakkeenya—32 irraa akka hubatamutti mammaaksoonna gosa kanaa meeshaa akkaatummaa walmaddeessaa gochima hin’oominaatiin ijaarame qaban.

4.3.3.10.A...n godhatti B godhe/goote

Dabree dabree mammaaksoota Oromoo keessa kanneen caasaa ijaarsa mammaaksummaa ‘A...n godhatti B godhe/ goote,’ jedhu qaban ni argaman.

Fakkeenya-33

- a.Kan lafaatiin fuudhatti kan ukaa darbite.*
- b.Waraabeessaan dheessaan leencarra nama busa.*

Mammaaksoonni haala kanaan ijaaraman ergaa waliigallaa kan ‘rakkoo tokko yoo dheessan yookaan baqatan isa san caalurra bu’an, yookaan waan tokko hammeeffachuun hinbarbaachisu waan kan san caalu nama mudachuu danda’uuf jecha,’ jedhu dabarsan.

4.3.3.11.A...n A...dhuma

Mammaaksoonni Oromoo tokko tokko caasaa ijaarsaa kan ‘A...n A dhuma,’ jedhu qaban. Mammaaksoonni akkanaa fakkeenya—34 jalatti kennamaniiru.

Fakkeenya-34

a.Sanyiin gootaa gootuma.

b.Ilmoon bofa bofuma.

c.Godareen godarumma.

Akka fakkeenya kanarraa hubachuun danda’amutti mammaaksoonni akkanaa kun wanti tokko yookaan namni tokko amala uumamaa isaa gad hindhiisu jechuu ibsuuf tajaajila.

5. Argannoowwanfi Guduunfaa

Mammaaksoonni Oromoo akeektoota mammaaksummaa ta’an meeshaalee akkaatummaa, ogummaafi xiinhimaa qabu. Meeshaaleen akkaatummaa akka akeektoota mammaaksummaa mammaaksoota Oromootti tajaajilan kanneen akka walmaddeessaa, qoocama, haguugiinsa, ittibaaniinsa, ateessa/ abaluumsa, gaafeebii, fakkoomiinsaafi dubbiiwwan qolaati. Meeshaaleen akkaatummaa kunneen himni makmaaksichaa miidhagiinsa ogummaa (aesthetic beauty) akka gonfatu, hiika gdi-fagoo akka qabaatuufi ergaa cimaa baqaana-daneessa akka dabarsu gochuuf tajaajilu. Meeshaaleen ogummaa akka akeektoota mammaaksummaa mammaaksoota Oromootti tajaajilan kanneen akka rukutaa manaa, itti fayyadama xundaa xiqqaa, sagaleebi’iinsa, itti fayyadama jechoota hikedaneessaafii mooggoolee, daddeebichootaafi seenimiinsa faa’i. Meeshaaleen ogummaa kunneen akka himni mammaaksoota Oromoo miidhagina ogummaa qabaatan taasisuun salphatti qabatamuun akka afooleeffamaniifi salphatti yaadatamuun akka galuumsa barbaadame keessatti hojiirra oolan gochuuf tajaajilan. Amaloota xiinhimaa akka akeektoota mammaaksummaa mammaaksoota Oromootti fudhataman keessaa kanneen akka akkaataa matimummaa, gosoota tajaajila himaa, gosootaa caaseeffama himaafi caasaalee mammaaksootaati. Akkaataan matimummaa mammaaksoota Oromoo matima idilee/ sirrii, matima onaa, matima buqqa’e, matima soofame, matima waliigalaafi matima seerluugaa faa’i of keessatti hammata. Akkaataan matimummaa kunneen dhugaa waliigalaa hawaasichaan mirkaneeffaman addeessuuf oolu. Gosoonni tajaajila hima mammaaksoota Oromoo addeessima, gaafimaafi ajajima

yemmuu ta'an ergaa cimsuu keessatti shoora adda addaa taphatu. Gosoonni caaseeffama himaa mammaaksoota Oromoo immoo kan akka leexima, dachima, xaximaafi dacha xaxima yoo ta'an caasaaleen himoota mammaaksaa kunneen yaada bal'aa jechoota takashamaniin cunfee dhiheessuuf faayyadu. Caasaaleen mammaaksoota Oromoo kanneen baay'inaan argaman kanneen akka A fi B n C; A ta'aniif B hin ta'an; A malee Bn hin; A...n B, C...n D; A irra/manna B wayya/caala; A...n B ta'u C hin ta'u; A taatuun B hin taatu; Kan A godhe B hin..; A ta'aniif B hin ta'an, C ta'aniif D hin ta'an; A n godhatti B godhe/ gooteffi; A...n A... dhuma jedhaniidha. Caasaaleen mammaaksoota Oromoo garmalee waan baay'ataniif hunda xumuruun hindanda'amu. Kanamalees, tokkoon tokkoo caasaalee mammaaksoota Oromoo ergaawwan adda addaa qabu.

Wabiilee

- Ahmed, D. G. (2010). *Image of women in selected Oromo folktales, folksongs and proverbs with particular reference to East Arsi Zone* [Master's thesis, Addis Ababa University].
- Amensisa, W. (2011). Oromo proverbs: The analysis of context, value and Syntax *International Journal of Innovative Science and Technology*, 5(8), 1489–1500.
- Ashannaafii, B., & Tarrafaa, G. (2017). Oral narratives: Waa Sadii among Arsi Oromo *International Journal of Scientific & Engineering Research*, 8(7), 103–109.
- Ayehu, N., & Fair, L. (2003). Women and men in Arsi Oromoa proverbs. *Journal of Social Science and Humanities*, 4(2), 106–121.
- Birhanu, S. (2015). Gender representation in Oromo proverbs: An implication for gender role socialization. *Journal of Ethiopian Studies*, 48(1), 1–23.
- Brown, E. K., & Ogilvie, S. (Eds.). (2009). *Concise encyclopedia of languages of the world*. Elsevier.
- Brown, S., & Miller, J. (2013). *The research methods in education: An introduction* (2nd ed.). Routledge.
- Cerulli, E. (1922). *The folk literature of the Galla of Southern Abyssinia*. Harvard University Press.
- Corbin, J., & Strauss, A. (2008). *Basics of qualitative research: Techniques and procedures for developing grounded theory* (3rd ed.). SAGE Publications.
- Creswell, J. W. (1997). *Research design: Qualitative, quantitative, and mixed methods approaches*. SAGE Publications.
- Dalby, A. (2004). *Dictionary of languages: The definitive reference to more than 400 languages*. Bloomsbury Publishing.
- Dundes, A. (1975). On the structure of the proverb. In A. Dundes (Ed.), *Analytic essays in folklore* (pp. 103–120). Mouton.
- Elva, S., & Indra, A. (2018). Folkloristic structures of proverbs in the “Tirukkural”. *Proverbium: Yearbook of International Proverb Scholarship*, 35(1), 129–137.
- Falk, A. (2003). On the nature of proverb behaviors. *Economic Inquiry*, 41(1), 20–26.
- Firman, A. (2019). On the relationships of the rhetorical, modal, logical, and syntactic planes in Estonian proverbs. *Folklore: Electronic Journal of Folklore*, 76, 51–99.
- Garamaw, C. T., & Hundumaa, D. H. (2018). Oromo oral literature for environmental conservation: A study of selected folksong in Est and West Hararghe zones *Humanities*, 7(4), 94–105.

- Gopaldas, A. (2016). A front-to-back guide to writing a qualitative research articles *Qualitative Market Research: An International Journal*, 19(1), 115-121.
- Haylu, F. (2010). *Portrayal of children and elders in Welliso Oromo proverbs* [Master's thesis, Addis Ababa University].
- Hika, B. (2010). *Portrayal of children and elders in Weliso Oromo proverbs* [Master's thesis, Addis Ababa University].
- Hussien, J. (2005). The function of African oral arts: The Arsi-Oromo oral arts in focus *African Study Monographs*, 26(1), 15–58.
- Ibrahim, B. (2015). The origin of Afan Oromo: Mother language based on nature and natural environment. *Global Journal of Human-Social Science: G Linguistics & Education*, 15(12), 59–84.
- Irwin, W. T. (2002). *Social penetration: The development of interpersonal relationships*. Rinehart & Winston.
- Jeylan, W. H. (2004). A cultural representation of women in the Oromo oral art. *African Study Monographs*, 1(2), 103–147.
- Kanat, T. (2014). Anti-proverbs or new proverbs: The use of English anti-proverbs and their stylistic analysis. *Proverbium: Yearbook of International Proverb Scholarship*, 31, 379–390.
- Levin, B. J. (1998). The nature of the proverb. *Harvard University Studies and Notes in Philology and Literature*, 14, 273–307.
- Lisa, M. G. (Ed.). (2008). *The SAGE encyclopedia of qualitative research methods* (Vols. 1–2). SAGE Publications.
- Mac Coinnigh, M. (2015). Structural formulas in proverbs: A comparative study of form and function. *Proverbium: Yearbook of International Proverb Scholarship*, 32, 55–84.
- Megersa, R. (2019). Oromo proverbs and proverbial expressions in the customary judicial system in Ethiopia. *Journal of Ethnology and Folkloristics*, 13(2), 108–123
- Mieder, W. (1985). The structure of the Russian proverb. In C. Gribble (Ed.), *Studies presented to Professor Roman Jakobson by his students* (pp. 180–187). Slavica Publishers.
- Mieder, W. (2004). *A dictionary of wellerisms*. Oxford University Press.
- Miller, J. (Ed.). (2012). *Ethics in qualitative research* (2nd ed.). SAGE Publications.
- Norrick, N. R. (2014). *Proverbs: A handbook*. Greenwood Press.
- Ogot, G. A. (2011). Words of elders, words of wisdom: A thematic and stylistic study of some Yoruba proverbs. *Proverbium: Yearbook of International Proverb Scholarship*, 28, 273–287.
- Richard, W. A. (2011). Delineation of self-care and associated concepts. *Journal of Nursing Scholarship*, 43(3), 255–264.
- Robert, L., & Sharma, U. (2013). One is none: Remarks of repetition in proverbs. *Proverbium: Yearbook of International Proverb Scholarship*, 30, 121–128.
- Simeon, M. (2013). Syntactic structures in Irish-language proverbs. *Proverbium: Yearbook of International Proverb Scholarship*, 30, 95–136.
- Tilahun, G. (1993). Qube Afan Oromo: Reason for choosing Latin script for developing Afan Oromo alphabet. *Journal of Oromo Studies*, 1(1), 36–40.
- Wales, K. (2014). *A dictionary of stylistics* (4th ed.). Routledge.

Acknowledgment

The authors would like to express their sincere gratitude to all individuals and institutions who contributed to the completion of this research.

Conflict of Interest

The authors declare no conflict of interest.

Funding

The authors declare that this study received no external funding.



Harla Journal of Social and Behavioral Studies gives access to this work open access and licensed under a Creative Commons Attribution-NonCommercial 4.0 International License.
([Creative Commons Attribution-NonCommercial 4.0 International License](https://creativecommons.org/licenses/by-nc/4.0/))